FARM AFRICA · FRANKFURT ZOOLOGICAL SOCIETY · SOS SAHEL ETHIOPIA · IWMI International Water Management Institute





# Pirojektiin "Share Bale Eco Region" eessaa garamitti?

## Kutaa 2fa

**Hojiilee Misoomaa Cim'isa Bishaaniitiin hojjetaman**

Hojiirra oolmaa misoomawwan garagaraa milkeessuuf aadaa bishaan cim'isuu hawaasni akka gabbifatu taasisuun ajandaa mootummaa isa gara biraa yoo ta'u, sosochii kana milkeessuufis maloota baayoloojiifi fiizikaalaa fayyadamuun hawaasni gama misoomaa kanaan akka dadammaqu gochuudha.

Bishaan cim'isuun akkuma misoomawwan garagaraarraa fayyadamuuf gargaaru ilaalcha hawaasni gama kanaan qabu cimsuun jijjiiramni akka dhufuuf carraaquudha. Dhaabbatni kunis sochii gama kanaan mootummaan eegale utubuun fayyadamummaa lammiilee mirkaneessuuf tattaaffii taasisaa jira.

Bu'aa gama kanaan dhufurrattis qorannoofi qo'annoo taasisuun ragaan akka deeggaramuuf hojii cimaa hojjeteera. Bakkeewwan torba omisha hojiilee cim'isa bishaaniin hojjetamuu danda'aniif filatamaniiru.

'IWSM' ("Integrated Water Shade Management") mala itti fayyadama bishaaniirratti mootummaan xiyyeeffatee kan hojjetaa ture yoo ta'u, dhaabbatichis gamasaatiin argannoowwan garagaraatti fayyadamuun mala cim'isa bishaaniirratti jijjiirama fiduuf hojjeteera.

Kana malees naannawa bishaanawaa ta'etti omisha biqiltuu, kunuunsa biyyeefi mala kunuunsaafi itti fayyadama qabeenya uumamaarratti hojiin hubannoo uumuu karaa dhaabbatichaa akka uumamu ta'eera.

**Jiruufi jireenya hawaasaa mijataa taasisuurratti**

Xiyyeeffannoon afraffaan kun isa ijoo yoo ta'u, kana jalattis kunuunsa qabeenya uumamaarratti hojiin hubannoo uumuu cimaan akka hojjetamu ta'eera. Kaayyoonsaas qilleensa mijataa naannawaa uumuufi. Omisha kuduraafi mudaraa bu'a qabeessa ta'e horsiisa beeladaafi kkf mijeessuuf gargaara.

Naannawa qilleensa mijataa uumuu keessatti dhaabbatni Sheer Baalee sanyiilee midhaanii filatamoo garagaraa dhiyeessuun akkasumas mala qonna hammayyaa babal'isuun naannawa olka'insaa, lafa dhooqaa, sulula mijataa ta'an hawaasaan akka gahu taasiseera.

Qonnaan bulaan sanyii filatamaa fayyadamee galii kanaan dura argatuun olitti dachaa lamaa sadiin callaasaa guddisuu danda'eera.

Naannawaan qilleensa mijataa uumumuusaatiin qonnaan bultoonni heddu lafa hanqinni roobaa jiruttillee fayyadamummaansaanii daran akka dhugoomuuf dhaabbatichi akka haalli mijataa uumamuuf bu'uura buuseera. Wabiin midhaan nyaataa qonnaan bultootaa akka mirkanaa'uuf ssochii dhaabbatichi taasiseen omishni kuduraafi muduraa mala jallisiin akka fooyyahu taasifameera.

**Hojii horsiisa beeladaarratti hojjetame**

Hojiin biraa Dhaabbata Sheer Baaleetiin hojjetamaa jiru horsiisa beeladaa, tajaajila fayyaa, nyaataafi sanyii filatamaa beeladaa dhiyeessuun haala gabaa mijataa gochuufi tajaajila bishaan dhugaatii babal'isuun dinagdeen damee horsiisa beeyladaan dhufu akka fooyya'uuf tattaaffiin taasifame kan eeramuudha.

Pirojektichi mala horsiisa beeladaarratti barnoota kennuufi tajaajilawwan garagaraa kennuun fooyya'insa galmeessisuuf hojji jajjabeessaa hojjeteera.

**Nyaata loonii fooyya'aa ta'e dhiyeessuu**

Bakkeewwan barbaachisaa ta'anitti sanyii nyaatawwan horii garagaraafi margaa dhiyeessuun sochii qonnaan bultoonni horsiisa loonii irratti qaban akka jajjabaatuuf pirojektichi shoora olaanaa taphateera.

Qonnaan butoonni muraasa nyaata horii kanatti fayyadamuun jijjiirama kan galmeesssisan yoo ta'u, hedduunsaanii hanga hektaara 0.02 facaasuun fayyadamummaa isaanii mirkaneessaniiru.

Sanyiiwwan nyaata horii bu'aa qabeessummaan isaanii qabatamaan mirkanaa'e akaakuu sanyii margaa gabbina beeladootaatiif oolan kanneen, "Cowpea tree lucerne, pigeon pea, lablab, rodes grass, luceania"fi "sasbania" jedhaman dhiyeessuun danda'ameera.

Oyruu qonnaan bultoota adda duree tokko tokkorrattis nyaatni horii kun babal'achuu irra darbee lafa waliinii isaaniirrattillee akka dhaabamu kan taasifame yoo ta'u, piroojektichi gama kanaan hanga hektaara 27 babal'isuun fayyadamummaa qonnaan bulaa naannawichaa mirkaneessuuf hojii cimaa hojjeteera.

*(Suurri Natsaannat Taaddasaatiin)*